IJAARSA SIRNA DIMOKRAASII KEESSATTI GAHEE MANNEEN MURTII QABAN

QOPHEESSAAN MOHAMMED NURE

CAAMSAA 2000

ADAAMAA

Kutaa tokko

Manneen Murtii fi Ijaarsa Sirna Dimokraasii

Seensa

Ijaarsa sirna dimokraasii keessatti gaheen (shoorrii) manneen murtii taphatan maal akka ta`e ilaaluudhaaf duraan dursee sirni dimokraasii maali dha? amala addaa maal qaba? bu'uuraaleen ykn yaad-mireewwan (principles) sirna dimokraasii maal fa'a dha kan jedhan hubachuun barbaachisa dha . Kaayyoon kutaa tokkoffaa kanaatis kanuma hubachisiisuu ta'ee, leenjitootni kutaa kana yemmu xumuran:-

-maalummaa Dimokraasii

-Amala(features) sirna dimokraasii fi Sirnaalee dimokraatawa hin taane kan biroo irraa addaaddumma sirni kuni qabu.

-Bu'uuraalee (ykn yaad- miree) sirni dimokraasii irratti hundaa'e

-ijaarsa sirna dimokraasii keessatti gahee manneen murtii qaban

-Shoora kana taphachuuf haalli seeraa (legal frame work) manneen murtii biyya keenyaa maal fakkaata kan jedhan irratti hubannoo gahaa ni argatu jedhamee yaaddama.

1.1. Maalummaa sirna dimikraasii

Sirni demokraasii jedhamu kuni addunyaa irratti dhalatee sadarkaa amma irra jiru kana kan gahe halkan tokkon miti. Sirni demokraasii erga calqabee woggoota kuma lamaa fi dhibba shan kan laakkofsise akka ta`e ragaaleen qorannoo adda addaa dhimma kana irratti taasifamanii ni ibsu. Sadarkaa hardha irra gahe kanallee gahuu kan danda`e bu`aa bahii hedduu keessa darbuudhaan dha.

Mallatton sirna demokraasii jalqaba kan eegale biyya Griik keesstti akka ta`e barreeffamni adda adda ni ibsa. Jechi Dimokraasii jedhus kan madde jecha afaan Greek "demos" jedhu fi`kratos` jedhu irraa yoo ta`u, hiikni isaanis demos jechuun"ummata" jechuu dha. `kratos` jechuun bulchuu(to rule) jechuu dha. Dimokraasii jechuun sirna mootummaa ummata jechuu dha. Kunis, maddi aangoo ummata ta'uu isaa fi lammiin hunduu aangoo mootummaa (gorernment power) keessatti hirmaachuudhaaf qooda qixa ta'e kan qaban ta'uu isati. Galmeen jechoota Websters third new international dictionary jedhamu tokko maalumma demokrasii akka kanaan gadiitti ibsa:

Demacracy is a government by the people: rule of the majority. It is a form of government in which the supreme power is vested in the people and exercised by them directly (as in the ancient Greece city states) or indirectly through a system of representation and delegated authority in which the people choose their officials and representatives at periodically held free elections.

Dimokraasiin sirna mootumma ummatni (ykn lammii biyyatti guutuun) aangoo mootummaa (ufi bulchuu) kallattiin ykn karaa bakka bu'oota isaanii keessatti hirmaatani dha.

Pirezidaantiin biyya Ameerikaa tokko yeroo tokko jecha demokraasii jedhuuf yemmuu hiikkaa kennan

democrasy is a government of the people by the people for the people jedhaniru. Hikni isaas, demokraasiin sirna mootumma ummataa lammiileen faayidaa mata isaaniif hundeefatan jechuudha.

1.2. Duudhalee sirna dimokraasii

Sirni dimokraasii duudhalee hedduu sirna kan biroo irraa adda isa taasisan ufi keessatti ammata.Duudhaleen gurguddoon sirnicha kanaa haala armaan gaditti kan ibsaman dha.

A. majority rule and protection of minorities

Duudhaan inni tokkoffaan qaamni hawaasaa sagalee caalmaa argatee (majority rule) aangoo kan qabatu fi qaama hawaasa muraasa (minority) ta'eef eegumsi kan taasifamu ta'uu isaati. Kunis qaamni hawaasaa sagalee ummataa caalmaa argate yaada isaa (gama hawaasummaa,diinagdee, siyaasatiin) bifa immaammata, strateejii fi seeraatiin hojii irra kan oolchu yemmuu ta'u, qaama hawaasa muraasa (amantaadhaan, ykn sabummaadhan ykn naannoodhaan, haala kamiinu) ta'aniifis eegumsi fi faayidaan kan eegamu ta'uu isaati. Akka woliigalatti sirni demokraasii kan ittiin beekamuu fi sirnoota kan biroo irraa adda kan isa godhu murtiin darbu fi yaadni fudhatama qabaatu kan hawaasni sagaleen caalmaan bakka bu`e dabarsuudha. Kana keessatti sagaleen caalmaan aangoo isaatti fayyadamee qaaama hawaasa caalmaa hin-taane irratti miidhaa akka hin-dhaqqabsiifne (majoritarian tyranny) eegumsi yookiin ammoo faayidaan isaanis hanga ta`een eegamuu akka qabuu dha.

B. Protection of Human Rights (Eegumsa mirga namooma)

Duudhalee sirna dimokraasii keessa inni tokko sirnichi kuni kan bu'uureffatu ykn xiyyeeffannaan isaa eegumsa mirga namootni ta'uu isaat. Kunis kan ibsu mirgi namooma lammiileen nama ta`uu isaanii qofaan argatan kan eegamuu fi kabajamuu qabu ta`uu isaati. Sirna demokraasii adda kan isa taasisu keessaatii inni guddaan maddi aangoo mootummaa hawaasa baldhaa ta`uu isaa hubachuu dha. Kana irraa kan ka`es lammileen mootummaa isaanii ijaaruuf mirga qabu. Aangoonis amaana ummatni mootummaa irra kaa`ateedha. Ummatni amaana kana mootummaa irra kan kaa`ateefis lubbuu isaa, bilisummaa fi qabeenya isaa akka eeguufi dha. Mootummaan dirqama isaa bahaa hin- jiru jedhee yemmuu yaadu ummatichi aangoo isaa deeffatee filannoo yeroodhaa yerootti adeemsifamuun abbaa naaf hojjata jedheeti yaadu kan bkka- buufachuu danda`u ta`uu isaati. Bakka mirgi namoomaa fi dimokraasii hin-kabajamnetti sirni dimokraasii ijaaramee jira jechuun hin-danda`amu. Kanaaf, mirgi yaaduu, yaada ufii ibsachuu, amantaa fedhan qabaachuu fi gaggeessu akkasumas mirgi gurmaa`uu yaaddamuu kan danda`amu sirna dimokraasiin keessatti dagaage keessatti dha.

C. Independent Judiciary (mana murtii bilisa) ta`e

Duudhalee sirna dimokraasii keessa inni tokko qooda aango qaamilee mootummaa sadeen gidduu jiraachuu(separation of power) qabu fi qaamileen kunis inni tokko aangoo isa kaanii keessa utoo hin -galle haala wol kabajuufi wol deeggaru danda`an irratti kan hundaa'e ta'uu isaati.

Kanuma bu'uureffachuudhan qaamni seera hiiku bilisa ta'e jiraachuu qaba.Duudhaan bilisummaa manneen murtii jedhu kuni duudhaalee mallattoo sirna dimokraasii keessa isa tokko ta'ee kan hundaa'es fedhii fi eegumsa duunfaa Abbootii Seeraa qofaaf utoo hin taane manni murtii bilisa ta'e dhibbaa fi loogii

kamiyyuu irraa bilisa ta'ee murtii haqa-qabeessa fi seera irratti hundaa'e kennu jiraachuun wobii lammiilee hundaayyuu waan ta'eefi dha.

D. Supremacy of the law (ol'aantummaa seeraa)

Ol'aantummaan seeraa duudhaalee sirna dimokraasii keessa isa tokko ta'ee kan xiyyeefatus (yaad-mireen isaatis) namni maruu (hiyyeessi, qabaataan, laafaan, jabaan, abbaan aangootis ta'ee lammiin kamiyyuu) seera biratti qixa ta'uu isaatii fi eenyuyyuu seeraan olitti kan hin jirre ta'uu isaati.Qaamni aangoo qabatee biyya bulchus seeraan kan hundaa'uu fi aangoo isaatis kan gaggeessuu qabu seeraan ta'uu isaati.Gama birootiin namni kamiyyuu mana murtii bilisa ta'etti dhiyaatee dhimmi isaa kan ilaallamu ta'uu isaati.

E. Filannoo bilisa fi haqa qabeessa fi yeroo yeroodhaan gaggeefamu (fair and free election)

- Sirni dimokiraasi kan bu'uureffatu maddi aangoo ummata ta'uu isaa fi ummatichi aangoo mootummaa keessatti kallattidhan fi kara bakka bu'oota isaa yeroo yeroodhan filatnoo taasifamuun bakka buufatuun kan keessatti hirmaatu ta'uu isaati.Kanaaf filannoon bilisa fi haqa qabeessa ta`e, yeroo murtaa'een gaggeeffamu jiraachuun isaa sirna kana keessatti dhimma murteessa ta'uu isaafi

F. Duudhaalee kan biroo kan armaan olitti ibsaman duudhalee gurguddoo sirna dimokraasii adda taasisan yemmuu ta'an duudhaleen kun birootis fkn mirga yaada fi ilaalcha bilisummaadhaan qabaachuu mirga wol-qabuu gurmaachuu

fi hirira nagahaa bahuu akkasumas midiyaan bilisa ta'e jiraachun duudhalee ykn yaad mireewwan sirni kuni ittin beekamu keessaa isaan gurguddoodha.

Kan itti aanuu fi mata duree barreeffama kanaatis ta'ee kan qophaa'e ga'ee manneen murtii kan ilaalu dha.

1.3. Ijaarsa sirna dimokraasii keessatti gahee manneen murtii

- Akkuma armaan olitti ibsame kaayyoon barreeffama kanaa inni guddaan gahee sirna dimokraasii keessatti mannen murtii qaban leenjitootni akka hubatan taasisuudha.

Akkuma armaan olitti hiikni itti kennamuuf yaalametti dimokraasiin sirna mootummaa ummatni karaa bakka bu'oota isaa keessatti qooda fudhatu dha(representative democracy). Maddi aangoon moootummaa ummata yaada jedhu bu'uureffata. Ummatni mootummaa isaa hundeessuu akkuma danda'u aangoo irraa mulqachuudhan kan biroo naaf hojjata jechuudhaan kan amantaa itti godhatu bakka buufachuu danda'a kunis kan raawwatamu filannoo yeroodha yerootti gaggeeffamuuni dha.

Manneen murtii qaamilee mootummaa ijaaran sadeen keessaa isaan tokko dha. Sirni dimokraasii akka guddatu, duudhaaleen sirni kuni ittin beekamu kan akka wol qixxummaa, eegumsa mirga namooma, ol'aantummaa seeraa fi kkf akka dagaagan taasisuu keessatti gaheen manneen murtii qaban ol'aanaa ta'uun isaa kan nama shakkisiisu miti.

Manneen murtii gaheen kana siraan taphachuu kan danda'an gurmaawinni isaanii bilisa ta'ee, murtiin isaan kennanis dhiibba fi loogii kami irrayyuu bilisa ta'anii raawwachuu kan danda'an yoo ta'e qofaa dha. Gama kan birootiin manneen murtiitiss ta'ee abbootiin Seeraa akkuma qaama mootummaa kamiyyuu sirina itti gaafatamummaa yoo qabaatani dha (Accomtability).

Akka woliigalaatti sirna dimokraasii ijaaruu keessatti gaheen manneen murtii qaban qaama mootummaa kamiyyuu gadi haala hin taaneen qabatamaadhan lafa irratti kan muldhatu danda`uu dha. Keessattu, sirni dimokraasii murtii sagalee qaama hawaasaa caalmaa argatee irratti kan hundaa'e akka ta'e armaan olitti ibsinee jirra. Kana keessatti mirgi qaama hawaasa muraasa (minority right) kabajamuu qaba. Sirna kana keessatti mootummaa(executive) kan ijaaru dhaaba sagalee caalmaa ummata irraa argate ta'ee qaamni (ykn dhaabni) kuni mirga qaama hawaasa murasa(the minority) akka hin tuqne qaama mootummaa kamiyyuu olitti kabajisiisuu kan danda'u manneen murtii dha. Wol falmii dhaabbilee siyyaasaa lamaan giddutti taasifamu irratti falmii fi ragaa jiru dhagahee seera dhimmi ilaallatu irratti hundaa'uudhaan haala bilisa ta'een murtii kennu kan danda'en manneen murtii qofaa dha. Abbootiin Seeraa dhimmoota tokkoo tokkoo isaaniif dhiyaatu irratti murtiin kennan dagaaginna sirna dimokraasii keessatti iddoon qabu ol'aana dha.

1.4. Haala seera biyya keenya (legal frame work)

Akkuma beekamu heerri mootummaa Federaala bara 1987 A.L.L. ragga'e sirna mootummaa federaala fi dimokiraatawea ta'e labsee jira (kew, 1.)

Akkaata kanaan birmadummaan ummatichaa (sovereignty) fi ol'aantummaan heera mootummaa akkasumas eegumsi fi kabaji mirgoota dhala namaa duudhalee heera moootummaa kana keessatti tumaman keessa isaan gurguddoodha.

Kana malees namni kamiyyuu seera fuulduratti qixa ta'uun isaa (kew.25) dhimma murtiidhaan xumura argachuu danda'u (justiciable matter) namni kamiyyuu mana murtii bilisa ta'etti dhiyeefatee furmaata argachuuf mirga kan qabu ta'uun isaa, akkasumas aangoon mootummaa gam-tokkoon giddugala fi naannoo, gam kan birootiin qaama sadeen seera baastuu seera raawwachiiftuu fi seera hiiktuu giddutti kan qoodamtee fi isaan keessa qaamni seera hiiku manni murtii bilisa ta'ee hundaa'uu isaa fi aangoon murtee kennuu (judicial power) kan manneen murtii qofaa ta'uun isaa (kew. 78 fi kew. 79) heericha keessatti tumamee jira.

Dhimmootni armaan olitti ibsaman kuni heerri mootummaa federaalaa yeroo ammaa hojii irra jiru sirni mootummaa dimokraatawaa jedhamee beekamu kan hundeessu ta'uu isaa fi amalawwan sirni kuni ittiin beekamu kan armaan olitti ibsamen heericha keessatti kan calanqisan ta'uu isaati. Kunis bu'uurarraa sirna kana dagaagsuudhaaf haalli seera (legal frame work)jiraachuu isaati.

Kutaa Lama

Mirga namooma kabajuu fi dagaagsuu keessatti gahee manneen murtii

Seensa

Mirgi namoomaa heera Mootummaa biyya keenyaatin beekamtiin kennameefii qaama seerichaa ta'ee labsamuun isaa ni beekama. Kana malees biyyi keenya waliigalteewwan (conventions and declarations) sadarkaa addunyaatti taasifaman adda addas mallatteessitee jirti. Kana malees hojii irra oolmaa mirgoota kanaatiifis qaamileen adda addaa kan akka Human Rigats Commission fi Ombdusman jedhaman seeraan hundeeffamanii jiru.

Akka woliigalaatti namni dhuunfaatis ta'ee qaamni mootummaa kamiyyuu heera Mootummaa, keessattu mirgoota fi bilisummaa heera mootummaa keessatti tumaman, kabajuu fi kabachisuuf dirqama qaba. Mirgi namoomaa immoo heera mootummaa federaalaa keessatti iddoon guddaan kennameefi (kutaa sadaffaa, keewwata 13 hanga 44tti kan jiran ilaala) jiru. Qaamilee mootummaa kanneen keessaa mirga namooma kabaju fi kabachiisuu keessatti shoora guddaa kan qaban manneen murtiti dha.

Kutaa kana yemmuu xumuran leenjitootni :

-Maalummaa mirga namooma ni hubatu;

-Amala addaa (features) mirga namooma maal akka ta'e ni ibsu;

-Carraaqiwwan adda addaa sadarkaa addunyaa fi biyya keenyatti mirga namooma kabachiisuuf taasifaman ni hubatu;

-Sirna seeraa (haqaa) biyya kenyaa keessatti kabaja fi eegumsa mirga namooma keessatti shoora manneen murtii taphatan ni ibsu.

2.1. Maalummaa mirga namoomaa

Ilmaan namaa, nama ta'uu isaaniitiin mirgoonni uumaman argatan ni jiru. Mirgi jiraachuu, yaaduu, yaada ufi bilisaan ibsachuu fi mirgi socho'uu akka fakkeenyaatti kan ilaallamanii dha. Mirgootni armaan olitti ibsaman kuni fi kanneen kana fakkaatan kan mootummaan seeraan namaaf kennu utoo hin tane uumama ilmaan namaa irraa kan maddan dha.

Galmeen jechoota (dictionary) *political dictionary* jedhamu tokko mirga namooma yemmuu ibsu:

> *Human Rights are a special sort of inalieneble moral entitlements. They attach to all persons equally, by virtue of their humanity irrespective of race, nationality or membership of any particular social group. They specify the minium conditions for human dignity and a tolerable life.*

Akkuma hubatamu mirgi namoomaa kennaawwan addaa ilmaan namaa uumamaan qixa argatani dha. Kennaawwan kuni ilmaan namaa sanyi, lammummaa ykn immoo miseensa garee hawwasa kamiyyuu ta'uun isaanii utoo hin ilaallamin nama ta'uu isaanii qofaaf kan gonfatani dha.

Mirgootni namoomaa jireenya ilmaan namaa keessatti fedhii ilmaan namaa guutuudhaaf wontoota haalaan barbaachisoo ta'an dha(fundemental or basic

human needs). Encyclopedia'n *britannica* jedhamu tokko mirgoota namooma yemmuu hiiku: *Humna rights are rights that belong to an individual as a consequence of being human.* Haaluma wol-fakkaatuun galmeen jechoota seeraa beekkamaa ta`e Black`s Law Dictionary jedhamu mirga namooma yemmuu ibsu:

> *Human rights are the freedoms, immunities and benefits that according to modern values (esp. at international level) all human beings should be able to claim as a matter of right in the society in which they live.*

Mirgi namoomaa faayidaalee fi dantaalee addaa ilmi namaa hawaasa keessa jiraatu irraa akka mirgaatti gaafatu(eeggatu) dha. Keessattuu mirgi namooma dirqama fi ittigaafatamummaa gudaa kan gatu mootummaalee irratti dha. Dirqmni mootummaan qabulleen gama lamaan ilaallama. Gama tokkoon mootummaan mirga namoomaa ilmaan nama, nama ta`uu isaaniitiin gonfatan kabajuu qaba. Kana jechuunis, mootummaan mirgoota kana tuquu irraa ufi qusachuu qaba. Yeroo tokko tokko mootummaan ufi qusachuun isaa qofti gahaa miti. Gama tokkoon mirgoota kanaaf eegumsa gochuu qaba. Kana malees mirgootni namooma kuni akka Dagaagan(eegaman) tarkaanfii fudhachuun(action) yeroon isa irraa itti eeggamu nijira. Kanaaf, barreessaan Baehr P.R. jedhamu tokko mirgoota namooma yeroo ibsu `mirgi namooma duudhalee yookiin ulaagaalee yookiin ammoo danbiilee sadarkaa idil-addunyaatti akkaata biyyootni lammii isaanii itti qaban ilaalchisee woliifgalteen irra gahame` akka ta`e ibsu:

> *Human Rights are internationally agreed values, standards or rules regulating the conduct of states towards their own citizens and towards non-citizens.*

2.2. Amala mirga namoomaa

Mirgi namooma amala addaa mirgoota kan biroo, fakkeenyaf, woliigaltee irratti mirgoota hundaa'an irraa amaloota addaa isaan taasisu qabu. Isaanis :- Woliigala (ykn universality), kan hin-qoodamne (indivisible) fi kan hin-sarbamne (in alienable) ta'uu isaaniit.

1. Woliigala (universality)

Amalli woliigalaa kuni kan ibsu, mirgi namoomaa qaama hawaasa muraasaaf qofaa kan malu utoo hin taane ilmaan namaa, nama ta'uu isaaniitiin qofaa utoo sanyiidhaan, amantaadhaan, qooqa isaan dubbataniin ykn immoo wontoota kan birootiin adda hin baane kan gonfatan ta'uu kan muldhisu dha.

2. Kan hin qoodamne (indivisible)

Amalli inni lammaffaan kan ibsu uumamni ilmaan namaa guutuu ta'uu isaa irraa kan ka'e mirgootni ilmaan namaa uumamaan gonfatan kunis kan hin qoodamne ykn kan addaan hin baane ta'uu isaaniiti. Mirgoota ilmaan namaa gonfatan keessaa inni tokko ykn muraasni eeggamanii isaan hafan eeggamuu dhabuun isaa bu'uura uumama ilmaan namaa guutuudha jenne sana kan faallessu dha. Akka fakkeenyaatti mirgi jireenyaa nama tokkoo kabajamee, mirgi yaaduu fi yaada ufii bilisaan ibsachuu ykn immoo mirgi socho'uu isaa hin kabajamne taanaan mirgi namoomaa nam- kanaa guutuudhaan kabajamee jira kan nama jechusuusuu miti.

Kanaaf, mirgootni namooma kuni kan addaan hin cinne, kan wolitti hidhaman, inni tokko mirga isaa kaan kan deeggaru ta'uu isaati.

Ilmi namaa namoomni (humanity) isaa guutuu kan qabaatu mirgi namooma inni qabu tokkollee utoo jalaa hin hirdhanne ykn immoo utoo adda hin cinne kan eegamaniif yoo ta'e dha.

3. Kan hin sarbamne(in-alienable)

Amalli kuni kan ibsu mirgootni namoomaa keessoo ilmaa namaa ta'anii hanga dhalli namaa lubbuudhaan jirutti nama faana kan jiraatan, kan eenyuunu namaaf hin laatamne, eenyus nama irraa fudhachuu kan hin dandeenye dha. Waan

ta'eefis, mirgootni namooma seera irraa kan maddan ykn immoo seeraan kan uumaman utoo hin taane uumama ilmaan namaa faana kan wol qabatanii dha. Haa ta'uu malee seerri beekamti ni kennaaf

Gaaffilee Marii

1.Amalli mirgi namooma inni guddaan tokko mirgi namooma ilmaan namaa hundi utoo aadaa, amanta, sanyi fi kkf addaan hin-ba'in kan gonfatan ta'uu isaati .Gama kan birootiin aada fi amantiin ilmaan namaa addaaddummaa ni qabaata. Fakkeenyaaf gama tokkoon duudhaan ilmaan namaa seera biratti wol-qixa jedhu ni jira. Waan ta'eefi mirga filuu fi filmuu qixa ni qabaatu. Gama kan birootiin aada fi amantii tokko tokko keessatti dhiiraa fi dubartiin wol qixa wolitajjii ummataa irratti bahanii filuu ykn filamuudhaaf ni daanga'u (keessattuu dubartootni) kuni akkamitti ilaalame (universalism Vs cultural relativism)

2.Mirgootni namooma kan addaan hin cinnee (indivisble) dha jedhamu. Gama kan birootiin barreeffamni hedduun mirga namooma kana bakka sadiitti (generation) ni qoodu . Generation 1^{ffaa}n mirgoota Sivilii fi siyaasa (civil & political rights) kan ilaallatu jedhamee beekama. Generation 2^{ffaa}n mirgoota diinagdee, hawaasummaa fi aadaa kan ilaallatan (economic, social and cultural rights) dha. Generation 3^{ffaa}n mirgoota woliinii (colleetive rights) kan ilaallatan dha. Akka fakkeenyaattis mirga guddachuu (the right to economic development) fi mirga hiree ufi ufiin murteeffachuu (the right to self determination) jedhamani kan beekamani dha. Raawwii mirgoota kanneenii irraattis dirqamni mootummaan qabu addaaddummaa ni qabaata jedhamee yaaddama. Fakkeenyaaf mirgoota sadarkaa 1^{ffaa} irraa jiran ilaalchisee fedhii ilmaan namaa guutuudhaaf ykn immoo fedhii (dantaa) sana sarbuu irraa ufi ittisuf ykn eegumsa gochuu dhaaf dirqamni Mootummaan qabu Ol'aanaadha. Isaan kuun (Worri

sadarkaa 2ffaa fi 3ffaa irraa jiran) guddina hawas-diinagdee biyyaa irratti kan hundaa'aniif isaan tokko tokko akka hawwii (like aspirations) kan ilaallamani dha. Akkaata kanaan mirgootni namoomaa addaan hin qoodaman (indivisble) dha jedhamuun isaa akkamitti ilaallama?

3.Mirgi namooma uumamaan ilmaan namaa kan argatan yoo ta'e seera ykn heera Mootummaatiin beekamtii kennuufiin barbaachisaa ykn dirqama dhayii? Utoo seera biyya tokkootiin beekamitii hin argatin raawwatamuu ykn immoo mirgootni kunnin yoo sarbaman abbaa seeraa gaafachuun hin danda'amuuyii?

1.3. Mirga namooma kabachiisuf sochiiwwan taasifaman

Addunyaa irratti kabaja fi wol qixxummaa ilmoo namaa (equality& human diginity) eegsisuudhaaf sochiin erga eegalee woggoota dheeraa lakkoofsisee jira.

Sochiiwwan kanneen keessa kan akka sanada "magna carta" jedhamu abbootiin aangoo Ol'aanaan biyya Engliiz aangoo mooticha biyyattii daangessuf akkasumas, hanga ta'een mirga lammiiwwanii (keessattu kan worra abbootii qabeenyaa) eegsisuuf sochiin taasifame seenaa keessatti kan iddoon kennamufi dha. Kana malees jaarraa 18ffaa keessa sochiiwwan bilisummaadhaaf biyyoota Ameerikaafi faransaay keessatti taasifaman seenaa kabaja mirga fi wol qixxummaa dhala namaa mirkaneessuuf tasifame keessatti iddoo guddaa qabu.

Ameerikaan woggoota dheeraadhaaf koloni (bittaa) Engliiz jala biyya turte dha. Biyyi kuni hacuucaan gama adda addaatiin gaafa itti cimu hayyootni

ishee ummata kaasuudhaan injifannoo taasisanii jiru. Hayyootni calqaba ummata isaanii gita bittootaa jalaa baasuf labsiin dabarsan "labsii bilisummaa ykn deelaration of independence" kan jedhamu bara 1976 keessa labsuudhaan dha. Biyya faransaayitti immoo hacuuccaan guddaan kan ture lammiidhuma biyyatti kan ta'an abbootii aangoo fi hooggantoota amantaa (the clergy and the ruling classes) kan ta'anii fi baayinni isaanis ummata biyyatti keessaa harka dhibba keessa sadi (3%) kan hin caalleeni dha. Qabeenyaan biyyatti hedduun fi lafti misoomaan jara kanaan kan qabame yoo ta'u, ummatni harki caalaan (97%) (the commons) rakkinnaa fi hacuuccaa heddu jala kan ture dha.

Ummata biyyatti hacuucaa gita bittoota kana jalaa baasuudhaaf hayyootni biyyatti (the elites) sochii fi qabsoo hadhaayaa taasisaniin labsii mirga namoota (declaration of the rights of man and of the citizen) tumatanii jiru(bara 1789).

Kanaan booda sadarkaa addunyaatti mirga namooma ilaalchisee iddoon guddaan kan kennameef woraana addunyaa 2^{ffaa} booda (itti aanee) hundeeffame Mootummoota Gamtoomanii ilaalchisee chaarterii qophaa'e irratti dha. Akkuma beekamu woraana addunyaa 2^{ffaa} irratti ummatni milioona jaha oli ta'uu haala suukanneessadhaan dhumee jira. Kana irraa ka'uudhaan dhimmi kabaja mirga namoomaa biyyoota dhuunfaaf(individual states) kan dhifamu utoo hin taane gamtaan mootummootaa akka kaayyoo isaatti qabatee akka tarkaanffaachiisu keewwata 55 chaartarichaa irratti tumamee jira. Itti aansee ibsi woliigalaa mirga namoomaa (universal declaration of human rights) fi woliiglteewwan idil-addunyaa, kan sivilii fi

siyyaasa, akkasumas, kan diinagdee hawaasummaa fi aadaa biyyootii addunyaatiin mirkanaa'ani jiru.

Seenaa mirga namooma baldhinaan ibsuun kaayyo barreeffama kanaa ta'uu yoo baatellee, ilmaan nama mirgoota bu'uura kanneen kabachisuudhaaf bu'aa bahii hedduu fi woreegamni hedduun kan taasifame ta'uu fi kabaji mirga namooma halkan tokkotti sadarkaa amma jiru irra akka hin geenye hubachuun ni barbaachisa.

Gara biyya keenyaatti yeroo dhufnus heerri Mootummaa bara 1923 fi 1948 keessa bahan bu'uuraan mirga namootaa kabachiisuuf kan kaayyeeffate utoo hin taane aangoo mootichaa himsuu irratti kan xiyyeeffate dha.(consolidation of power). Heerri mootummaa bara 1980 keessa Mootummaa Dargiitiin bahes hanga ta'een keewwattoota mirga namooma ilaallatan kan ammate yoo ta'ellee sirna soshialistii kan bu'uureffate waan ta'eef mirga namoota qabeenyaa horachuu, mirga yaadu, yaada ofi bilisaan ibsachuu fi mirgoota kanneen birootis bu'uuraan kan kabaju miti. Heerri kunis turmaata yeroo dheera waan hin qabneef hojii irratti (practically) maal akka fakkaatu ilaaluf carra hin arganne.

Heerri Mootummaa Federaala Itoophiyaa yeroo ammaa hojii jiru mirga namoomatiif bakka guddaa kennee jira. Boqqonnaan 3ffaa keewwata 13 hanga 44 kan ilaallatu dha. Mirgi namaa lubbuun jiraachu, wolabummaa fi nageenya qaama, akkasumas; mirgi yaaduu, yaada ibsachuu, gurmaa'uu hirira nagahaa ba'uu, qabeenya horachu fi kkf bu'uuran heericha keessatti

beekamtii argatanii jiru. Kana males heerichi keewwata (9) jalatti ol'aantummaa heerichaa erga labse booda, qaamni mootummaas ta'ee namni kamiyyuu heera kabajuu fi kabachiisuf dirqama akka qabu, keessattuu keewwatni 13 heerichaa qaamootni Mootummaa sadeenuu mirgoota namoomaa boqonnaa 3ffaa heerichaa jalatti beekamtiin kennameef kabajuufi kabachiisuf itti gaafatamaa fi dirqama akka qaban kaa'ee jira.

1.4. Mirga namooma kabachiisuu keessatti gahee manneen murtii

Qaama sadeen mootummaa keessaa inni tokko manneen murtiiti. Akkuma qaama mootummaa kamiyyu ykn immoo qaama kaminuu olitti mirga namooma kabajuufi akkasumas kabachiisuuf dirqama fi itti gaafatama guddaa kan qaban manneen murtiiti. Gaaffiin inni guddaan manneen murtii (ykn Abbootiin Seeraa) mirga namooma haala maaliitiin kabaju ykn kabachiisu kan jedhu dha.

Akka woliigalaatti manneen murtii qaama mootummaa sadeen keessaa qaama seera hiikuudha. Dirqama seera hiikuu kanas kan bahan dhimmoota dhuunfaadhan itti dhiyaatan tokkoo tokko irratti haala bilisa ta'ee fi loogii tokkoon alatti seera fi seera jiru irratti hundaa'uudhaan dhibbaa ykn soda ykn dantaa ykn immoo fedhii dhuunfaa isaanii utoo giddugaleessa hin godhatiin seera fi seera jiru hiikuudhaan mirgoota fi bilisummaawwan seera fi heeraan mirkanaa'an raawwachiisuun yoo danda'ame dha.

-Mirgootni heera Mootummaa irratti tumaman tokko tokko inumaahuu jireenyi fi raawwiin isaanii mana murtii bilisa ta'e faana kan wol qabatee dha. Kan namni qabame tokko sa'aatii 48 keessatti mana murtii dhiyeennatti

argamutti dhiyaachuuf mirgi qabu dirqamatti jireenya mana murtii irratti kan rarra'e dha.

Mirgootni namoomaa heera federaalaatiin mirkanaa'an gama raawwii isaaniitiin bakka lamatti qoodnee ilaaluu dandeenya. Gam-tokkoon mirgootni (ykn dhimmootni) mana murtiitti daanyinnata argachuu danda'an (justiciable matters) ni jiru. Gam-birootiin mirgootni (yoookiin dhimmootni) raawwiin isaanii mana murtiin alatti rarra'e (non-justiciable matters) ni jiru.

Heerrii Mootummaa federaalaa keessatni 37 jalatti, namni kamiyyuu dhimmoota mana murtiitti daanyinnata argachuu danda'an (justiciable matters) mana murtii idileetti dhiyeessuudhaan furmaata argachuuf mirga akka qabu ni labsa. Mirgootni (ykn dhimmootni) bifa kanaa isaan kamidha kan jedhu wanti ifaan tarreeffame yoo hin jiraanneyyuu akka fakkeenyaatti garuu:

Mirga namoota qabamu,

Mirga nama himatamee mirga bilisummaadhaan socho'uu,

Mirga nama murtiidhaan ni dhamu,

Dhorkamuu yakka tokkoon lammata adabamu,

Seerri yakkaa ofi duubatti deebi'ee kan hin hojjatne ta'uu dhimmootni (mirgootni) ilaalan kallattiidhaan mirgootni kuni yemmuu caban ykn qamni kamiyyuu mirgoota armaan olitti ibsaman kana yemmuu cabsu, namni mirgi koo tuqame jedhu mana murtii fulduratti dhiyeeffachuudhaan kabachiifachuu ykn immoo mirga isaa eegsifachuu kan danda'u ta'uu isaati.

Akka fakkeenyaatti mirga namoota qabamni (kew.19) yoo ilaalle,

- Namni kamiyyuu yakka raawwate jedhamee yemmuu qabamu himanni irratti dhiyaatee sababiin qabameef afaan isaa galuun itti himamuu qaba.
- Namni qabame tokko, sa'aatii 48 keessatti mana murtiitti dhiyaachuuf mirga qaba.
- Namni tokko akkaataan qabiinsa isaas ta'ee erga qabame booda haalli inni ittiin too'annoo jala turu yookaan immoo haalli inni ittiin furamu heeraa fi seeroota adeemsa falmii yakkaa irratti tumamee jira. Haala faallaa seeraatiin namni too'atamee ykn qabamee jiru tokko, seeraan ala qabamuu isaa ibsuudhaan ofii isaatii ykn immoo namni kan biroo dhimma kana beeku bakka bu'uudhaan qaamni isaa bilisa akka ta'u (ykn immoo) iyyata „habeus corpus" jedhamuu dhiyeeffachuu akka danda'u seera irratti tumamee jira. Kunis kan ibsu gaheen manni murtii mirga bilisummaa namaa kabachiisuu keessatti qabu Ol'aanaa ta'uu isaati.

Erga himatme boodas, mirgi yeroo gabaabaa keessatti murtii argachuu, mirgi ofi irratti shaahiduudhaaf dirqamuu dhabuu, mirgi hanga badii ta'uun isaa mirkanaahutti qulqulludha jedhamee tilmaamamuu fi kkf kallattiidhaan raawwiin isaanii mana murtii faana kan wol-qabatu dha.

Gam kan birootiin mirgootni raawwiin isaanii kallattiidhaan mana murtii faana wol hin qabanne (non justiciale) kan jedhaman akka fakkeenyaatti

- Mirga misoomaa,
- Mirga naannoo qulqullina qabu keessa jiraachuu,
- Mirgootni aadaa fi hawaasummaa akkasumas,

- Mirgiitni gamtaa kan akka mirga hiree ufii ifiin murteessuu (self defermination) bu'uurarra guddinna diinagdee fi hawaasummaa biyyatti irratti rarra'an fi takkaahuu qaama kan biroo raawwachiisu qabu. Fakkeenyaaf biyya misoomsuu fi naannoo qulqulluu akka uumamu taasisuun dirqaama qaama mootummaa raawwachiiftuutidha. Akkasumas mirgi hiree ofi murteeffachuu sirna fi seera akkasumas qaamni biratti raawwii argatu adda bahee heerrichuma irratti taa'ee jira.

  Wolumaagalatti mirga namoomaa raawwachiisuu keessatti, keessattuu dhimmoota kallattiidhaan daanyinnata mana murtii barbaadan irratti gaheen manneen murtii taphatan salphaatti kan ilaallamu miti.

  Akkuma armaan olitti tuquuf yaalame manneen murtii shoora kana sirnaan taphatuu kan danda'an duudhaalee bilisummaa, al-loogummaa, haqummaa, fi k.k.f duudhaalee abbaa seerummaa jedhamanii kan beekaman yoo gonfatani dha. Kana yoo ta'ani dha ummata biratti amantaa argachuu kan danda'an. Manni murtii bilisummaa hin qabnee fi loogii fi dhiibbaa adda addaatiin hojii isaa gaggeessu amantaa ummataa hoorachuu hin danda'u. Manni murtii ummata tajaajilu irraa amantaa hin qabne gahee mirga namoomaa kabjajuu fi kabachiisuu keessatti qabu haalaan taphachuu hin danda'u.

Kutaa Sadii

Manneen Murtii fi Nageenya amansiisa fi guddinna diinagdee

1. Seensa

Kutaa kana jalatti gahee manneen murtii nageenya amansiisaa fi guddina diinagdee keessatti qaban ilaaluu yaalla. Kaayyoo manneen murtii hundeeffamaniif keessaa inni tokko nageenya hawaasaa mirkaneessuu dha. Kana jechuunis namootni yakka raawwatan seeratti dhiyaatanii badii raawwatan faana adabbii wol-madaalu argachuu qabu. Namootni (lammiin) bahee galuudhaaf hojjatee jiraachuudhaaf, qabeenya horachuudhaaf nageenyummaan (sense of security) itti dhagahamuu qaba.

Bakka lammileen nagahan oolanii buluu irratti shakkii keessa jiraataniitti, bakka nageenyummaan isaanii hin eeggamnetti nageenyi amansiisaan mirkanaa'e jechuun nama rakkisa . Inumaahuu seenaadhaanis kaayyoo mootummaan ittiin hundaa'e keessaa tajaajila kamiyyuu olitti tajaajila nageenya hawaasa isaa mirkaneessuuti. Kunis takkaahuu diina biyya alaa yoo ta'e ittisa gahumsa qabu ijaaruudhaan kan raawwatu yoo ta'u, yakkoota guyyaadha guyyatti biyya keessatti lammiileedhaan raawwataman ilaalchisee garuu sirna haqaa (ykn qaamilee haqaa) kaayyoo kana galman gahuu danda'an haala amansiisaa ta'een ijaaruuni dha.

Qaamilee haqaa kanneen keessaa inni tokko mana murtiiti dha. Kaayyoon kutaa 3ffaa kanaas nagahaa fi tasgabbii uumuu keessatti akkasumas misooma diinagdee fulla'iinsa qabu ijaaru keessatti shoora manneen murtii qaban ilaalla.

2. Nagahaa fi tasgabbii uumuu irratti shoora manni murtii qabu.

Kaayyoon seerri yakkaa biyya keenyaa (kan bara 1997 A.L.I tti bahe) keewwata 1 jalatti, nageenyii fi tasgabbiin (place and order) mirkaneessuu akka ta'e labsamee jira.

Kunis kan ta'u, duraan dursee gochootni nageenya hawaasaa booressan maal maal akka ta'an hawaasni akka beeku (notify) gochuudhaan yemmuu ta'uu, gochootni yakkaa dha jedhamanii labsaman kuni ammoo yakka ta'uu isaanii otoo beekuu ykn immoo erga seeraan labsamanii booda seera cabsuudhaan gochoota kanneen kan raawwate yoo jiraate adabbii badii isaa faana wol-madaalu akka argatu taasisuudhaan. kaayyoon adabbii yakkaatis:

Namni badii raawwate tokko badii raawwate sanaan kan wol-madaalu akka kanfalu ykn immoo innis gatti wol- madaalaa akka kanfalu (retribution) taasisuu dha. Innis seerawwan amantaa isaa kan ija balleesse ijji isaa akka badu. Kan ilkaan cabse ilkaan isaa akka cabu tuman irratti kan hundaa'ee dha.

Kaayyoon adabbii inni lammataa namatichaa yakkaa raawwate sana adabuudhaan hawaasni baldhaan gochaa wol-fakkaata raawwachuu irraa akka ofi qusatu (general prevention) taasisuu dha.

Kaayyoon adabbii inni 3ffaa namtichumti yakka raawwate kuni deebi'ees miidhaa wol-fakkaatu akka hin-dhaqqabsiisne hawaasa keessaa foo'amee yeroo muraasaaf akka turu taasisuudha.

Kaayyoon adabbii inni barreeffama hedduu irratti caalmaatti fudhatama qabu, kaayyoo adabamaa barsiisuu, sirreessuu fi lammii nagahaa ta'ee jireenya isaa gaggeessu taasisuuti. Kunis kan raawwatu adabamtootni seeraa yeroo adabbii isaanii keessatti cal jedhanii hanga xumuranitti eeggachuu qofaa utoo hin taane barnoota idilee ykn ogummaa adda addaa baratanii yaadni fi ilaalchi isaanii geeddaramee lammii gaarii ta'anii akka bahan taasisuudhaan. Gaaffiin itti aanee ka'uu malu, manneen murtii kaayyoo seera yakkaa kana galmaan gahuu kan danda'an haala kamiin kan jedhu dha.

Akkuma armaan olitti ibsame, manneen murtii shoora isaan irraa eeggamu kan bahan dhimmoota (ykn falmiilee) tokko tokkoon dhiyaataniif irratti dha. Kunis gochi yakkaa raawwatamee jira bifa jedhuun qaamilee raawwachiftuu (A/Alangaa fi poolisii) irratti dhimmi tokko yemmuu dhiyaatu gochi jedhame kuni raawwatamuuf dhiisuu isaa akkasumas gochichi seeraan yakka jedhamee kan labsame ta'uu isaa mirkaneeffachuudhaan namni gochaa kana raawwate adabbii gahaa akka argatu taasisuuni dha.

Adeemsa kana keessatti gaheen manni murtii inni guddaan namni qulqulluun badii isaa malee akka hin adabamne mirkaneessuudha. Kunis kan mirkanaa'u adeemsa murtii (ykn falmii yakkaa) keessatti yoo xiqqaate wontooni akka mirgaatti himatamaa ykn immoo shakkamaa sanaaf eegamuu malan akka

eegaman taasisuu ni dha. (minimum standard of fair trial). Akka fakkeenyaatti hanga ragaadhaan mirkanaa'utti shakkamaan tokko qulqulluudha jedhanii tilmaamu, mirga ofi irratti shaahiduudhaaf dirqamuu dhabuu fi kkf. Kuni akkuma jirutti ta'ee, gam-birootiin nageenyi amansiisaan mirkanaa'uu kan danda'u, namootni badii yakkaa raawwatan adabbii seeraan taa'ee fi gochaa isaanii faana wol-madaalu argachuu kan danda'an yoo ta'e dha. Kunis bu'a qabeessa ta'uu kan danda'u manneen murtii (ykn Abbootiin Seeraa) gahumsaa fi dandeetti seeraa, akkasumas, naamusa gaarii qabaatanii seera jiru haalaan hojii irra oolchuu yoo danda'ani dha. Abbootiin Seeraa sababa adda addaatiin kaayyoo seerri yakkaa baheef laamshessuu utoo hin taane seerichi qarriffaa qabaatee galma gahuu akka danda'u yoo taasisani dha.

Lammiileen badii yoon raawwadhe (potential offenders) narraa gahamuu danda'a, yoon qabame ammoo nan adabama jedhanii seera sodaachuutu irraa jira. Mmanneen murtiitis gahee nageenyaa fi tasgabbii mirkaneessuudhaa taphachuu kan danda'an gam- tokkoon namni qulqulluu ta'e gonkuma akka hin tuqamne mirkaneeffachuudhaan gam kaanin immoo inni badii raawwate gonkuma seera jalaa akka hin baane adabbii gahaa akka argatu taasisuudha.

Gaaffii Marii

1. Adeemsa raawwii irratti manneen murtii keenya kaayyoo seera yakkaa fi adabbii yakkaa galmaan gahaa jira jettanii yaadduu? maaliif?
2. Manneen Murtii keenya shoora isaanii kana gahumsaan taphachuudhaaf maal godhutu irraa eegama?

3. Misooma dinagdee mirkaneessuu keessatti gahee mana murtii

Manni murtii sanyii filatamaa ykn xaa'oo hin raabsu yookiin ammoo bishaan hin-baasu yookiin daandii hin-hojjatu. Gaaffiin inni duraa haala maaliitiin misooma keessatti gahee taphata kan jedhu dha. Akkuma armaan olitti ibsame manni murtii qaama haqaa (seeraa) ti dha. Nageenyaa fi tasgabbiin akka uumamu, namootni yakka raawwatan balleessaa isaanii faana adabbii wol- madaaluu argatanii isaanis sirraa'anii hawaasni baldhaanis isaan irraa barnoota argatee badii wol-fakkaatu raawwachuu irraa akka ofi qusatu taasisuu irratti gaheen qaamolee haqaa, keessattuu manneen murtii qaban ol'aanaa dha. Misooma faanas bakki itti manneen murtii shoora taphatan nageenya mirkaneessuudhaan dha. Nageenyii amansiisaan jiraachuun misooma diinagdee mirkaneessuu keessatti gaheen qabu ol'aanaadha.

Biyya (naannoo) ol'aantummaan seeraa hin mirkanoofnetti, biyyaa ykn naannoo namootni seeraa fi seera qofaaf hin bitamnetti nageenyi amansiisaan mirkanaa'uu hin danda'u, namootni oolanii buluu irratti hojii (misooma) isaanii tasgabbiidhaan gaggeessuu irratti, qabeenyaa horachuu irratti shakkii guddaa dhaatu itti uumama. Fakkeenyaaf, biyya saamichi baldhinnaan gaggeeffamutti, biyya (naannoo) saamtootni haala wol-xaxaa ta'een gurmaa'anii meeshaa hammayyaa ta'etti fayyadamuudhaan, miseensotni garee kanaatis miseensa hawaasa baldhaa(ordinary citizen) irraa kaasee hanga abbootii aangoo (keessattuu qaamilee haqaa) ammatuutti saamichi keessatti gaggeefamutti namootni (lammiileenis ta'ani kan biroo) seera irratti abdii godhachuu hin danda'an. Qabeenyaa horachuu fi mahallaqa isaani dhangalaasanii "invest" godhuu irrattis ni rakkatu kanaaf ofi qusatu, tarii gara biyya haalli mijaa'an jirutti socho'anii ofii isaanis guddisanii biyya sanas misoomsuuf dirqamu.

Gam birootiin yemmuu ilaallu fakkeenyaaf biyya kontrobaandiin baldhinaan keessatti gaggeeffamutti daldaltootni daldala seera qabeessa ta'e gaggeessan fi ashuuraa kanfalani meeshaa daldala isaanii worreen seeraan ala galchan faana qixa gurgurachuu hin danda'an. Gam tokkoon ashuraan kanfalamuu dhabuu isaatti biyyattiin galiin dhabaa jirtuu fi misooma adda addaa keessatti miidhaan dhufu salphaatti kan ilaallamu miti. Gama kaaniin daldalli seeraan alaa gaggeefamuun isaa worreen seera qabeessa ta'an irratti dhibbaa guddaa geessa. Hin too'atamu taanaan sirna daldalaa biyyattii guutumaan guututti gara kan birootti geeddaruu danda'a.

Ammaas fakkeenya biroo fudhannee dubbicha haa xiinxallu. Biyyi keenya yeroo ammaatti sirna gabaa bilisaa(free market economy) gaggeessuudhaaf sochii irra jirti. Gabaan bilisaa ammoo waa-hedduu keessaa dorgommii irratti kan hundaa'udha. Dorgomiin kunis seera qabeessa ta'uu qaba. Gama tokkoon fedhiin (demand) ni jira. Gama kaaniin worri dhiyeessan (tajaajila ykn meeshaa) (ykn supply) ni jira. Sirna kana keessatti yaadni jiru, wonti hundinuu (gatii dabalatee) kan murtaa'u fedhii fi dhiyeessinsa jiruu ni dha. Kana keessatti namni tokko (ykn dhabni daldalaa) tokko gar-malee gabaa dhuunfatee (monopoly) hawaasa irraa miidhaa akka hin geessine ykn immoo namootni (dhaabbaileen) muraasni woliigaltee uumanii gati murteessuudhaan ykn immoo meeshaa ykn tajaajila sana gabaa irraa balleessuudhaan hawaasa irratti miidhaan beenyessuu hin dandeenye akka dhaqqabu akka hin taasifne gochuu irratti duraan dursee seeraa fi sirni kana too'achuuf dandeessisu fi gahumsa qabu (sufficient legal frame work) jiraachutu irra jira. Seerri fi sirni jiraachuun qofti ammoo gahaadha miti. Seeraa fi sirna sana

kan raawwachiisan qaamileen seeraa keessattuu manneen murtii gahumsa qabanii fi naamusa'aa ta'an jiraachuu qabu. Kanaaf, sirna gahaa bilisaa gaggeessuu keessattis shoorti isaan qaban ol'aanaa dha.

Waa'ee misooma diinagde fi gabaa bilisaa yemmuu kaafnu, manneen murtii si'aayina qaban fi saffisaan tajaajila kennan jiraachuun isaanii dhimma ammas jala muramee ka'uu qabu dha. Manneen murtii tajaajila haqaa kennan yeroo gabaaba keessatti laachuu qabu. Kanaaf hayyootni "justice delayed is justice denied" kan jedhaniif. Kunis dhuguma haqni turte ni jallatti. Dhimma kana fakkeenyan haa ilaallu. Namni tokko yakka ajjeechaa namaatiin shakkamee, mirgi wobii isaas dhoorkamee woggoota 4 fi 5 booda erga ragaan dhagahame booda bilisaan gaggeeffama. Dhuma irratti namtichi kuni bilisa ba'ee jira. Bilisa ta'uun isaa dhugaan isaa baateef jechuu danda'ama ta'a. Garuu namtichi kuni woggaa hanga kana waa heddu irraa hidhamee turuun isaa dhuma irra bilisa ta'uun isaa isa gammachisa fakkaata? Kuni tasuma ta'uu hin danda'u. Jalqaba yemmuu manni murtii bilisa taatee jirta jedhuun, namni kuni utaalee kufee, ka'ee dachiis dhungatee mana murtiis galatoonfachuu danda'a ta'a. Garuu yemmuu sirritti xiinxallamu namni tokko woggaa afur fi shan booda dhimmi isaa ilaallamee bilisa ta'uun qaamileen haqaa si'aayinaa fi qulqullina akka hin qabne agarsiisa.

Fakkeenya kan biroo kan kallattiidhaan misooma faana wol-qabatu haa ilaalluu. Dhimma investinentii tokko irratti falmiin qabeenya ka'ee hanga dhimmi isaa fala argatutti qabeenyichi akka hin gurguramne, nama birootti akka hin naannofne manni murtii ajaja ni kenna ta'a. Rakkinni isaa maaliif uggurri kennamaa usoo hin taane dhoorka bifa akkamtu kennama dha? Yeroo hangamiif

kennama? isa jedhu dha. Yeroo hedduu manneen murtii wontoota ugguramani turuu hin dandeenye fakk. Kan akka mana nyaataa fa'a irratti hubannoo malee uggura kennuudhaan yeroon itti namootni qalbii gaarii hin taaneen manneen murtii fi seera jiru meeshaa godhachuudhaan miidhaa hin taane wol-irraan gahan muldhachaa kan ture dha.

Kana malees dhimmoota akka "investment" fa'a irratti namootni mahallaqa isaanii dhangalaasanii yeroo gabaabaa keessatti bu'aa argachuu barbaadu, mahallaqni isaaniis deebi'uuf qaba, haala kana faallessuun manneen murtii qabeenya kana irratti dhoorka kennuudhaan akka hin sochoone taasisanii beellamaan deddeebisu taanaan namoota sana irratis ta'ee namoota kan biroo fuula duratti invest godhuu barbaadaniif ergaan inni dabarsu maal akka ta'e hubachuun kan nama dhibu miti. Sababa uggura kanaan qabeenyaan milloona hedduutti lakkaa'amu sochi daldalaatiin ala ta'uu danda'a, ta'ee jiras.

Kana malees biyya keenyatti manni murtii dhimmoota ittiin komatama ture keessaa murtii kenne kan dafee hin raawwachiifne ta'uu isaati. Biyya kanatti himataa ta'uu irra himatamaa ta'uu woyya hanga jedhamutti . Waa malee manni hin aaru jedha oromoon. Kuni kan jedhame sababa malee miti. Hanga dhiyoo asitti sababani leenjii adda addaatiin wonti fooyya'aa dhufe yoo jiraateyyuu falmiin raawwii (erga murtiin duraa kenname booda murtiicha raawwachisiisuuf adeemsii adeemamee ture) hedduu wol xaxaa fi falmii idilee irraa adda kan hin taane dha. Yeroon itti abbootiin seeraa murtii duraan kenname kan faallessu ajaja raawwii (jal-murtii) kennaa turanillee ni jira. Kunis kan meddu iyyatni raawwii dhiyaatu qulqulline ken hin qabne qabeenyaan irratti raawwiin adeemsifamu addaan bahee kan hin dhiyaanne,

yeroo tokko tokko ammoo murteedhumt duraan kenname llee ifa kan hin taane ta'uu isaati. Kana malees qabeenyaan raawwiin irratti adeemsifamu dhoorkamuu dhabuun, dhoorki isaas yeroodha yerootti Abbootii Seeraa jijjiirraman faana kan ka'u ta'uun isaa, akkasumas giddu galtummaa faana wol qabatee gurgurtaa qabeenya adeemsifamaa jiruu faanas wol qabatee haalli jiru falmiin raawwii falmii idileetiin (murtii kennuun duratti falmii jiruun) caalatti wol-xaxaa fi hedduu yeroo akka fudhatu taasisee jira. Kuni ammoo sirna diibagdee gabaa bilisaa woliigaltee raawwachisuu (contract enforcement) hundee godhate faana yemmuu ilaallamu, manneen murtii gahee murtii ariifachisa kennuu fi murtii kennan raawwachiisu kana saffisa fi si'aayinaan raawwachuu dhabuun isaa haalaan sirnicha kan miidhu ta'uu isaati.

Wolumagaltti manneen murtii nageenya amansiisa fi misooma diinagdee mirkaneessuu keessatti iddoon qaban ol'aanaa dha. Shoora kana taphachuu kan danda'an manneen murtii gahumsa fi naamusa barbaachisaa ta'e guutanii kan ijaaraman yoo ta'e dha. Mana murtii keessatti argatni abbootii Seeraati gaheen isaan taphatanis ol'aanaa dha. Kana jechuun Abbootii Seeraa kophaa isaanii waa hunda dalagu jechuu miti. Haala wol-fakkaatuun hawaasni mana murtii kuunis gahumsa fii naamusa qabaachuu qaba . Kana abbootii seeraa irratti xiyyeeffannoo wanti godhamuuf, abbootiin seeraa lubbuu qabeenya fi bilisummaa nama irratti murteessuuf aango waan qabaniif. Qaamni murtee akka kanaa dabarsuuf aangoo qabu ofi isaatii gahumsa fi naamusa qabaachu qaba.

Kitaabalee Wabii

1. **Robert A Dahl, Dahl on Democracy, Yale University press, New haven, London, 1998**
2. S"u_ ìNÃ Åc ¾›=ƒÄåÁ ¾lÓ" õƒl Ñ° -‹ ›Ç=e ›uv 1999
3. ¾õƒl T>'>e,` cw›© Sw„‹ QÔ‡" ›ðîT†¨≤ ›Ç=e ›uv/1999/
4. ¾›=ôÇ=] QÑ S"ÓYƒ ›ªÏ lØ` ı 1987 ¯.U. 'Ñ]ƒ Ò²?× ›"Å— ¯Sƒ lØ` ›"É
5. **P.s. Fitzgerald (ed) (12t ed), Salmond on jurisprudence, universal law publishiers co.pvt. Ltd. Indian Economy reprint (2004)**
6. **Shiver Kant JHA, Judicial role in a globalize economy 2005**
7. **Balack's law dictionary, 6th ed**
8. **wecster's third new international dictionary**
9. **Bachr, peter R. Human Rights, Universality in practice, 1999**